

# Ergaawan Miidiyaa Hawaasaa kan Talaallii COVID-19

6 / 7 / 21

Odeeffannoo dabalataa waa'ee talaalliiwan COVID-19 hiriyoota, maatii, fi miseensota hawaasaa keessaniif waliin quoddachuuuf akka gargaarutti ergaawan miidiyaalee hawaasaa eddattoo ta'an kanniin fayyadamaa. Yoo barbaaddan ergaawan kanniin itti fufuuf suuraawwan ykn fakkiiwan keessan fayyadamaa. [Fakkiiwan Miidiyaa Hawaasaa MN Nagaan Turi \(Stay Safe MN Social Media Images\)](#) irraa illee fayyadamuu ni dandeessu. [Miidiyan MN Nagaan Turii Hiikamaan \(Translated Stay Safe MN media\)](#) illee ni jira.

## Maxxansawwan Eddattoo Ta'an

Maaliif talaalamaa jirtu? Eenyuuf talaalamaa jirtu? #RollUpYourSleevesMN

An/nuti talaallii nan deeggara/ni deeggarra sababni isaas [ergaa dhuunfaa ta'easitti bareessi]! mn.gov/vaccine  
#RollUpYourSleevesMn

Jiraattota Minnesota namootaa fi hojiwwan jaallannutti deebisuuf talaalamuu karaa isa amansiisaadha!  
#RollUpYourSleevesMN

Dhugaa: Namni Minnesota keessaa umuriin isaa 12 ol ta'e kamuu talaalamuu danda'a.

Dhugaa: Talaalliiwan baasii isin hin baasisan.

Dhugaa: Talaallii keessanii wajjin har'a wal quunnamuu dandeessu. <https://vaccineconnector.mn.gov/> #RollUpYourSleevesMn

Daa'imman keessan umuriin isaanii 12 ol ta'e ganna kana akka isaan gammachuu guutuu qabaatan ni barbaadduu? Deemaa waliin talaallii fudhadhaa! <https://vaccineconnector.mn.gov> #RollUpYourSleevesMN

Namoonni waa'ee talaalliiwan COVID-19 gaaffiwwan hedduu akka qaban ni beekna. Waa'ee talaallii COVID-19 dabalataan [www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/basics.html) #RollUpYourSleevesMN irraa baradhaa.

Karoora haqa irratti hin hundoofne irraa of eegaa! Aanga'oonti fayyaa hawaasaa fi dhiheessitoonni kunuunsa fayyaa gonkumaa horii, lakkofsa qusannoo keessanii kaardii kreediitii, ykn lakkofsa nageenya hawaasummaa keessanii isin hin gaafatani. Waa'een gurgurtaa ykn fe'iinsa doozii talaallii irratti hir'ifamni taasifaman ammoo daandii karoora haqa irratti hin hundoofne keessaa isa tokkoo dha. Yoo rakkoo karoora haqa irratti hin hundoofne (scam) kanaaf saaxilamoo ta'uu keessan kan amantan ta'e, linkii <https://www.ag.state.mn.us/Office/Forms/COVID19Complaint.asp>. #RollUpYourSleevesMN

### Fireemiiwwan Feesbuukii:

Akkaawuntii Feesbuukii yoo qabaattan, namoota isin hordofan talaalamuu keessan ykn abukaatoo talaalliiwan COVID-19f ta'uu keessan akka isaan ilaalan gargaaruuf suuraa piroofaayila keessanitti fireemii dabaluu dandeessu.

[Minnesota, huccuu harka kee irraa ol dachaafadhu](#)

[An talaalameera](#)



Minnesota Department of Health | [health.mn.gov](http://health.mn.gov) | 651-201-5000  
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Odeeffannoo kana roga addaan argachuuf [health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us) quunnamaa. (Oromo)